**Itoophiyaan Mana Hidhaa Ummatootaa Malee Biyya Waloo Ummatootaa Miti**

Itoophiyaan gaafa humnaan jaaramtee qabee hanga haráantanaatti mana hidhaa ummatootaa adda addaa tahuun ishee waan wal falamsiisuu miti. Ummatoonni hará Itoophiyaa keessatti waamamaa jiran fedhiidhaan walitti dhufanii biyya waloo ijaarratanii miti kan bulaa jiran. Sirna gita bittuu Nafxanyaatiin humnaan cabanii walitti dabalaman. Eertiraa hará bilisoomtee biyya ollaa taate dabalatee seenaan ummatoota Itoophiyaa seenaa humnaan hidhaa keessaa jiraatuu ture.

Bara waraanni Minilik ummatoota walaba cabsee bulchiinsa Abiisiiniyaatti dabaluuf duula eegale ummatootni ililee fi ililliidhaan hin turre kan isa simatan. Eeboo, mancaa fi goraadeedhaan walabummaa biyyaa fi bilisummaa saba isaanii tikfachuuf lolatan. Wareegama hangana hin jedhamne baasanii biyyaa fi saba isaanii weerara Nafxanyaa irraa ittifachuuf falmtan. Oromiyaa keessaa loloonni akka Calanqoo, Aanolee, Shaggar (Warra Tufaa Munaa) fi kan biroon kanaaf ragaa guddaa dha. Mootolii Oromoo Dhihaa fi Kaaba Oromiyaas yoo taate fincila karaa nagaa tokko tokko taasisanii maayyii irratti hidhaa fi adaba gibiraa ulfaataa mudachuun qaamuma sochii of ittisa kanaa ture. Kan akka Mohammad Alii (Nugus Mikaa’eel) Walloo faá ammoo waraana hiriirsuudhaan humna gita bittuu hanga falmuutti sossoánii turan. Loloonni jagnoota Walloo kan akka Mastaawot, Worqituu, Alii Guwaangul, Gugsaa Walee, Waaqshuum Gobozee fi Iyaasuu faán dursamanii geggeeffamaa turan hundis qaama sochii ummatni Oromoo walabummaa biyya isaa fi bilisummaa sabummaa isaa tikfachuuf taasisaa turee ti. Jarri kun hundi Oromoo waan tahaniif qofa ture kan gita bittootaan akka hamaatti diinomfataman.

Ummatoota Kibbaa keessaas sochiin of ittisaa mootolii naannichaa kan akka Xoonaa faán hogganame hin dagatamu. Ummatoonni humnaan itti duulame meeqaatamni biroonis hanga humna isaaniitti weerara kana of irraa qolachuuf falmatan malee gammachuudhaan harka balísanii humna weerartuu hin simanne. Maayyii irratti ummatoonni kun humna qawwee baraneetiin caalamanii caban iyyuu sana boodas taanaan ‘aamiin’ jedhanii roorroo fi salphina jalatti buluuf hin eehamne. Kudhaama Itoophiyummaa kan humni gita bittuu Nafxanyaa humnaan morma isaaniitti hidhu fudhachuu didanii warraaqan.

Bara sirna Hayla Sillaasees diddaan ummatootaa daranuu babalátee itti fufe. Ummatoonni humnaan cabanii gabbaarii taasifaman cuftuu ‘Itoophiyaan biyya teenya, Hayla Sillaaseen mootii keenya’ jedhanii yeroon itti mataa ol qabatanii Itoophiyummaadhaan boonan hin mulánne. Inumaa bakkoota baayéetti diddaan ummatootaa wayta itti toyannoo sirna Nafxanyaatii ala tahe tu muláte. Kana keessatti sochiin diddaa gabrummaa Oromoo Raayyaa kan bara 1920oota keessa finiine hangafummaa isaatiin yaadatama. Sirni Hayla Sillaasee fincila diddaa Oromoo Raayyaa waraana lafootiin moohachuu dadhabee humna qilleensaatiin loluuf dirqamuun isaa seenaa keessatti yoomuu kan irraanfatamu miti. Isa boodas lolli diddaa gabrummaa Oromoo Walloo kan hogganummaa gooticha Hasan Aammeetiin Daawwetti geggeeffame fakkeenya dabalataa ti. Kana malees fincilli diddaa gabrummaa Oromoo baroota dheeraaf Baale keessatti babaláte hangam akka sirna Hayla Sillaasee raase seenaan hin irraanfatu. Kutaalee Oromiyaa hafan biroo keessattis yeroo adda addaatti sochii diddaa gabrummaa tarrifamee hin dhumnetu sirna gabroonfattuu mudate. Shaggari fi magaalaalee Oromiyaa

baayée keessatti ammoo sochiin sabboonummaaWaldaa Maccaa fi Tuulamaa yeroma gabaabduu keessatti sirna Nafxanyaa miilla tokkoon dhaabuun isaa seenaa Oromoo keessatti buúura qabsoo baláa kaayee dabre. Oromoon gonkumaa sirna bittaa alagaa jalatti jilbiinfatee akka buluuf hin jirre haala hin falamsiifneen akeeke. Oromiyaa keessatti yeroo kun tahu ummatoonni Oromoo waliin hiree wal fakkaataa mudatan biroonis mataa gad qabatanii sirna ukkaamsaa jalatti hin bulle.

Kufaatii sirna Hayla Sillaaseetiif kan sababa guddaa tahe sochiin barattootaa bara 1960-70ootaas diddaa ummatootaa saniin duratti deemaa ture keessaa akka dhalate hin haalamu. Olaantummaan saba tokkichaa, afaan tokkichaa fi amantii tokkichaa akka hafu, akkasumas, hariiroon cunqursaa fi cunqurfamaa gidduu jiru akka jijjiiramuuf sochiin barattootaa sun sagalee ummatootaa tumsee qooda gama isaa gumaache. **Itoophiyaan akka mana hidhaa ummatootaa taates barattoonni sabboonoon sodaa tokko malee ol qabanii dubbachuun seenaa qabsoo ummatootaa gara boqonnaa haaraatti ceesise**. Barattoonni akka Waalelliny Mokonnin faá kan akka dhala Amaaraatti hubatamaa turan oláantummaa gita bittoonni Nafxanyaa ummatoota walaba kaawwan irratti diriirsan balaaleffachuudhaan Itoophiyaan mana hidhaa ummatootaa tahuu ishee ragaa bahuun isaanii fakkeenya seenaan hin irraanfanne.

Dargiin sochii barattootaa finiinaa ture san humna qawweetiin butatee eega aangootti of baasee booda sochii sabboonummaa qaroolee sabaa rukutee doomsuuf haa ijibbaatuyyu malee hanga maayyiitti itti milkaawuu hin dandeenye. Dhaadannoo barattootaatiin dhiibamee sirna abbaa lafummaa hambisiisuyyuu, jijjiirraa kabeebsaa kana qofaan ummatoota biratti jaalala argachuun gonkumaa waan hin yaadamne tahe. Dargiin ummatootatti hurrii maruuf hanga humna isaa yaalee dadhabe. Shubbisa sirboota sabaa fi sablammootaa qindeessee hawaasa addunyaatti agarsiisuu qofaan akka waan walqixxummaa ummatootaa mirkaneessetti kijibe. Bara 1987 keessa kan qophaawe sagantaan garsiisa aadaa ‘*Hizb Le Hizb*’ jedhamu soba Dargii kanaaf fakkeenya tokko ture. Kunis garuu sirnichaaf deeggarsa bituu hin dandeenye. Dargiin jala bultii kufaatii isaatti caasaa bulchiinsaa kan ‘*kifle hager*’jedhamaa ture jijjiiree bifa lama qabsiise. ‘*Asterdader akkaabaabii*’fi ‘*ras gezz akkaabaabii*’jedhee kaartaa irratti moggaase. Dalagaadhaan garuu wanni jijjiirame hin turre. Kunis dhukkuba siyaasaa sirnicha dhoree ajjeesuutti dhihaateef dawaa hin taane. Gaaffiin ummatootaa guddaan gaaffii walabummaa biyyaa fi bilisummaa ummataa waan tureef bakka gaaffiin kun deebii malu hin argatinitti Dargiin sirnoota isa dura dabran irraa addatti laalamuu hin dandeenye. Maayyii irrattis sirni Mangistuu kun aangoo irraa kan darbatamee kufe gaaffii ummatootaa dura dhaabbachuu waan itti fufeefi.

Akkuma Dargiin sochii sabboonummaa barattootaa humna qawweetiin butatee aangootti of baase hunda Wayyaanee TPLFs sochii diddaa gabrummaa ummatoonni baroota dheeraaf taasisaa turanitti hirkatee abbaa qabsichaa of taasisee masaraa gabroonfattoota isa duraan turanii dhaale. Wayyaanee TPLF sirnoota isa dura turan mara irraa adda of fakkeessuuf jecha gaaffii mirga hiree murteeffannaa ummatootaatiin akka malee daldale. Dantaa saba dhaabbadheef jedhuuf jecha qofa gaaffii hiree murteeffannaa kana leellisuun isaa kan hin haalamne tahu illee, gaaffiin kun gaaffii ummatoota humnaan bitamaa turan biroos akka tahe waan beekuuf innis hanga miilla lamaan gad of dhaabutti ummatootatti

hurrii maruu itti fufe. Akkuma Dargiin eega miilla lamaan of dhaabee booda masaanuuwwan bara isaa kan turan MEISON fi EPRP dabaree dabaree rukutee of duraa maqse hunda Wayyaaneenis masaanuu isaa guddicha ABO dadhabsiisee yoo danda'meefis dhabamsiisee aangoo siyaasaa dhaale dhuunfachuuf tarkaanfii gara jabinaa fudhate. Gaaffii ummata Oromoo fi saboota dhibdee wal fakkaataa qaban biroos waan deebise of fakkeessuuf jecha sirna federaalummaa eenyummaa sabootaa irratti hundaawe diriirseen jira; kana booda ummatoonni ofiin akka of bulchan, yoo barbaadanis mirga hiree murteeffannaa isaanii hojii irra oolfachuudhaan mootummaa mataa isaanii dhaabbachuu akka dandaán heera mootummaatiin mirkanaaweera jedhee labse. Wanni waraqaa irratti barreeffame kun akka dalagaatti hin fassaramne garuu jabeessee dura dhaabbate. Wayyaaneen hanga gaafa qabsoon ummatootaa kallattii maraan muddee gara itti bahu isa wallaalchisutti heera waraqaa irratti barreesse kana kan hojii irra oolchuuf jirus miti.

Seenaa Itoophiyaa kaleessaa hanga haráatti jiru kana gabaabsanii yaadachiisuun kan barbaachiseef akka Itoophiyaan fedhii ummatootaan osoo hin taane gita bittootaan humnaan jaaramtee humnaan tikfamaa yoona geesse jala muruudhaafi. Abjootonni sirna kaleessaa tokko tokko hará jijjiirraa kabeebsaa kan sirni Wayyaanee aangoo irra of tursuuf jecha lallabu waan guddaa taasisanii akka tokkummaan ummatootaa laaffatetti yoo afarsan dhagahuun kofalchiisaa dha. Wayyaaneen eenyummaa saboota kanaa waraqaa irratti maqaa dhawee akka ofiin of bulchan eehameen jira jechuu isaa qofa laaluudhaan warri wacan kun Wayyaaneeyyuu dabalatee humnoota siyaasaa biroo ofitti kofalchiisaa jiru. '**Mootummaan aangoo irra jiru kun ummata kaleessa jaalalaa fi gammachuudhaan akka saba tokkichaatti wal fudhatee waliin ture adda qoqqoodaa jira'** jechuudhaan caraanu. Humnoota akkasii kana dhugaa lafa irra jiru yaadachiisuun dirqama taha.

Akkuma olitti ibsame ummatoonni hará Itoophiyaa keessatti bulaa jiran yeroo itti fedhii isaaniitiin biyya waloo Ítoophiyaa'jedhamtu buúureffatan hin qabani. Yeroon itti sabummaa isaanii of duuba qabanii Itoophiyummaa durfatan gonkumaa hin mulánne. Kan biraa hafnaan afaan hojii sirnichaa kan humnaan waggoota dhibbaa oliif isaan irratti feámeyyuu kan sirreessanii dubbachuu dandaán meeqa kan jedhu gaaffii dha. Ummatoota bara Minilik humna qawweetiin cabsamanii akka biyya tokkootti labsaman tu hanga haráantanaatti afaanuma qawwee saniin akka wal irraa hin deemnetti iggitamanii jiru. Ummatoota kanaa fi sirnoota humnaan isaan iggitan gidduutti araarri sirnaa takkaa geggeeffamee hin beeku. Fedhiin ummatoota kanaa yeroo itti gaafatame hin qabu. Yaaliin bara Mootummaa Cehumsaa jalqabamee ture illee osoo fagoo hin deemne abbaa irrummaa Wayyaanee TPLFn akka gatate hin dagatamu. ***Ummatoonni kun bulchiinsa Wayyaaneetiin duras mana hidhaa Itoophiyummaa keessatti humnaan iggitamaa turan***; ***hará bara Wayyaanees hireen isaanii kanuma.*** Kanaafuu Itoophiyaan harás mana hidhaa ummatootaa ti malee biyya waloo ummatotni eehama isaaniitiin jaarratan miti. Dhugaa kana jalaa miliquun gonkumaa hin dandaámu.

> Warri akka waan Wayyaaneen dhugumatti mirga ofiin of bulchuu ummatootaa labsetti fakkeessanii sana balaaleffachuudhaan wacaa jiran eenyu faá akka tahan beekuun nama hin dhibu. Warri bal'inaan caraansa akkasii kana dhageessisu

warruma sirna olaantummaa saba tokkoo deebisuuf harás ijibbaataa jiranu dha. Jarri akkasii kun aduu cubbuu itti dhihaa jirtutti malee aduu haqaa bahaa jirtutti amanuu hin barbaadani. Hanga itti dhihee golgolaawutti dhugaa hadhooftuu tana liqimsuu hin danda’ni. Kanneen biroon warri waca akkasii keessaa qooda fudhatu yoo jiraate tarii warra beekkumsi seenaa Ioophiyaa irratti qaban haalaan gabaabaa tahee ti. Jarri kun maquma mormitummaa Wayyaaneetiin waan of jaaran qofaaf dunuunfataniituma shubbisa abjoottota sirna kaleessaa akkeessanii dibbee dhawu. Waanuma warri dubbatu akkeessuu malee kaayyoos tahee falaasama siyaasaa mataa isaanii hin qabani. Kanneen akkasii seenaa siyaasaa impaayerattii akka gaariitti hubatanii ejjennoo mataa isaanii kan hin daddaaqamne akka qabatan gorsuun barbaachisaa taha. Akka qaama sadaffaatti warri waca abjoottotaa kana irraa hirmaatu biroonis hin dhabamani. Isaan kun ammoo osoo homaatuu dhiiga Nafxanyummaa hin qabaanne guddisa isaanii waanuma tahan qofaaf bilashumatti of dhamaasu. Jara qehee warra isaanii keessaa ilillii buqqisee geessee qehee namaa keessa dhaabuuf of dhamaasu akkasiitiin dammaqaa ofuma tahaa jechuu irraa kan hafe gorsi maluuf hin jiraatu.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Infoo Deeskii ABO